



A Book Review (Sassaaqa Kitaabaa)

Asoosama Addunyaa Barkeessaa “Arraa Gurbaa! Kunis tokko; sunis gaaf tokko”

Dastaa Dassaalany (PhD)^{1*} Kitaabicha kan sassaaqe, Yunvarsitii Addis Ababaatti Piroofeesara Gargaaraa Ogbarruu, Imeelii- destadesalegn@yahoo.com

Submission Date: April 3, 2023

Acceptance Date: June 25, 2023

Axereeraa

Asoosamni Arraa Gurbaa jedhamu nama kakaasa; hawaas-diinagdeefi dhimmoota siyaasa biyya keenyaa sirriitti addeessa. Afaan Oromootiin kan barreeffame asoosamichi yoomessa baadiyyaarraa kaasee amma Finfinneetti fulla'een qindaa'e. Seenaan qooddataa hangafaa dhalootaa amma du'aatti himamuu dhabuufi qooddattoonni walfalman kan walhinsimne ta'anis haalli baniinsaafi cufiinsaa barreessicha akka dinqisifannu nu taasisa.

Jechoota Ijoo: Arraa Gurbaa, kakaasuu, jajjabeessuu

A Novel by Adugna Berkessa “Never Give Up! This is the beginning; that will also be one day”

Abstract

A novel entitled Arraa Gurbaa (literally means never give up) described socio-economic and political issues of our country. It is written in Afaan Oromoo. The setting begins from the countryside and ended at Finfinnee. Although life history of the main character was not covered from birth to death, and antagonists did not contest each other, the author applied pretty style of beginning and ending.

Keywords: Never give up, to arouse, provoking

1. Seensa

Gara sassaqa^a isaatti osoo hinseeniin waa'ee kitaabichaa ibsuun gaarii ta'a. Mata dureen kitaabichaa “Arraa Gurbaa! Kunis tokko; sunis gaaf tokko” kan jedhu yemmuu ta'u Afaan Oromootiin barreeffame. Barri maxxansaa 2018 (akka lakkoofsa alaatti). Manni itti maxxansame hinibsamne. Magaalli itti maxxanfame Finfinnee, Oromiyaadha. Akaakuun kitaabichaa asoosama dheeraa ta'ee kutaalee 19 kan qabuufi fuula 268 irratti barreeffamee kan argamu. Barreessaan Addunyaa Barkeessaa Dhinsaati. Barreessichi hayyuu xinqooqaa yemmuu ta'u asoosama kana dabalatee kitaabota barnoota Afaan Oromoo barsiisuufi barachuuf fayyadan kanneen akka Natoo, Semmoo, Sanyii, Akkamtaa jedhaman maxxansiise. Addunyaan digirii jalqabaa barnoota Afaan Oromootiin eebbifame. Digirii lammaffaa (MA) isaafi barnoota digirii sadaffaa (PhD) afaaniifi aadaa Oromooratti kan hojjete yemmuu ta'u yeroo ammaa Yunvarsitii Addis Ababaa Muummee Afaan Oromooti barsiisaafi qorataa afaanii ta'ee tajaajila kenna jira.

Qola kitaabichaa gubbaatti Suuraa allaattiin guddichi waan lubbuu qabu tokko liqimsuuf afaan guuttate argina. Inni liqimsamuuf jiru sun garuu callisee liqimsamuuf hinqophoofne; morma qallaa allaattii liqimsuuf qophaa'ee sana harka lachuun silliksee qabe. Hubannee yoo ilaalle inni liqimsuuf jirus inni liqimsamuuf jirus sadarkaa hamaarra akka jiran argina. Inni liqimsaa jiru tufuuf afuurri waan citeef hindanda'u. Inni liqimsamaa jiru akka gadi hindhiisne liqimsamaa jira. ‘Arraa Gurbaa’ kan jedhu warreen wal'aansoorra jiran jajjabeessuuf kan hawaasni fayyadamu. Wal'aansoon sun waan laayyoo miti. Wal'aansoo jiraachuuti. Barreessichi dhimma kana hawaasicha keessatti waan ta'aa jiru hubatee yeroosaatti (timely) nuuf dhiheesse. Inni humna qabu (gama aangoofi diinagdeetiin) hiyyeessarratti ba'aa guddaa tokko fa'aa jira. Hiyyeessi obsaan danda'aa ture sun dhumarratti hudhee qabaa jira. Qabsoo kanarratti wal jajjabeessudhaaf ‘Arraa Gurbaa’ waliin jedhu. Uummanni dammaqinaan walta'ee diinatti qajeellaan furmaata tokko akka fidu barreessichi quba nu qabsiise. Isa kanaan garuu kan dhumaati hinjenne. Jalqabbii akka ta'eetti ‘kuni tokko’ jedhe. Kitaaba

^a Jechi sassaqa jedhu Afaan Oromoo keessatti dhimmoota biroof kan maayii itti ba'amu yemmuu ta'u hojii kana keessatti isa ‘book review’ jedhamu akka bakka bu'uuf yaadameeti. Galumsi isaas kitaaba dubbisani waan fedhan keessa barbaaduu, ifa taasisuu, dubbistootaafi qeeqxotaaf kallattii agarsiisuu, hanqinaafi cimina baasani mul'isuu, kitaabicha dhaadhessuu, kanneen jedhan agarsiisa jedhamee filatame.

kana sassaaquuf kan ka'umsa naa ta'es isa barreessichi kallattii hundaan akka namni jabaatu nuu dhaame kana dubbistootaaf ifa taasisee 'Arraa Gurbaa' akka waliin jedhaniif ta'a.

2. Cuunfaa Yaada Ijoo

Nama asoosamicha hindubbisiniif cuunfaa seenaa asoosamichaa laachudhaan akka dubbisuuf dhimman taasisuuf qabxiilee ijoo dhiheessuun gaariidha. Qooddattoonni asoosamichaa maatii Jiruu (Jiruu, Dhibbisee, Abdii, Laliseefi obboleewwan Dachaasaafi Hata'uu), maatii Boodanaa (Dhabsuu Qaruuraa)fi miseensota Dhaabbata Uuxaa (Maluuxaa, Faluuxaa, Sharuuxaa, Baluuxaa)fa'a. Dabalataanis, Dooktor Dabalaa, Dooktor Shirkaa, Surraa, Inispeekter Giraamuu, Inispeekter Gidaaluu, Inispeekter Roobaa, Aadde Qananiifi Obbo Akkattuu (abbaafi haadha Jiruu), barattootaa garee lamaa (hiriyoota Abdii, - Lataafi Jaaroo, gama biroon Tsiggeeredaafi Baddiluu)fa'atu eeramuu danda'a.

Asoosamichi dhimma maatii qooddataa tokkoorraa eegala- maatii Obboo Jiruu. Obbo Jiruun qonnaan bulaa cimaadha. Jireenya isaa ifaajee fooyyessuuf dhama'uu malee karaa qaxxaamuraatiin sooramuu hinfedhu. Warreen haala sanaan jiraatan garmalee jibba. Nama akkasiitu ollaasaa jiraataa isa ilaalee aarii cimaa keessa gale. Aarii sanaan manaa ba'e. Qonnaan bulaan kun haadha warraa cimtuu Dhibbisee jedhamtu qaba. Ilma isaanii, Abdii, barsiifatanii jiru. Seenaan asoosamichaas rakkoolee maatii kanaan walqabate baadiyyaadhaa kaasee amma Finfinneetti deeme.

Seenaan gara magaalatti fulla'ee gadadoo magaalaa namoota barate, warreen aangoo qaban, siyaasaafi diinagdee akka hammatuuf Abdiin barnoota isaatiin Yunvarsitii Finfinnee akka galu taasisamee kalaqame. Abdiin barataa cimaa waan ta'eef yunvarsitiis seennaan kolleejjii fayyaa Xuqur Ambassaa gale. Barnoota isaa haalaan barachaa osoo jiru barattuun Tsiggeeredaa jedhamtu isa hiriyoomsachuu barbaadde inni dinnaan dirqiidhaan na gudeede jettee hidhaatti isa gachisiiste. Ishiidhaan duuba abbaan ishii Baluuxaan, itti gaafatamaan dhaabbata Uuxaa, nama shira namootarratti xaxaa jiru. Dhaaba Uuxaa malee dhaabbileen biroo gabaa keessaa akka ba'an taasise. Namni kun ogeeyyiin fayyaa, foolisoonniifi abbootiin seeraa ogummaa haqaatiin akka uummata isaaniif tajaajila hinlaanne jallisaa jira.

Haala asoosamichi ittiin eegalerra kaanee yoo ilaalle himni inni duraa 'Addunyaan buburreedha' jedha. Buburreen bifa adda addaa agarsiisa. Akka aadaa Oromootti ammoo jechi kun bifa qofa kan ibsee hafu miti. Amalas, gochas adeemsas nihammata. Ijoolleen haati takka deesse amala adda addaa qabaachuu agarsiisuuf 'garaan haadhaa buburreedha' jedhanii mammaaku. Gadameessa tokko keessaa bahanii amala adda addaa qabaatu jechuu agarsiisa. Asoosama kana keessattis himni jalqabaa (ijoon barreeffamaa) 'addunyaan buburreedha' jechuun isaa waan dubbistoota quba qabsiisu qaba. Asoosamicha keessatti gammachuun, gaddi, gadadoon, hakuuccaan, milkiin, dhabuun, argachuun, kufuun, ka'uun...yemmuu qooddattoota mudatu dubbisuuf deemna jechuudha. Asoosamicha sassaaqnee yoo dubbisnes kanuma mirkaneeffanna.

Matiin Obbo Jiruu rakkoolee adda addaatiif saaxilamanii jireenya isaanii itti fufan. Jireenya lafa kanaa moo'achuuf garmalee ifaaju. Adeemsa isaanii keessatti garuu gufuu isaana mudata. Dhugaadhaaf dhaabbatanii dhugaa abjoochuun isaanii rakkoo adda addaa keessa isaan galche. Jalqabuma Obbo Jiruun ijoollee Obbo Boodanoo, warreen hojii hinjaalanne, warreen dhiqatanii dibatanii odeessanii jiraatan jibbee aaridhaan mana ofii dhiisee bade. Kun ammoo maatiisaarratti dhiibbaa jabaa fide. Dhiibbaa sanaan seenaan asoosamichaa fuulduratti qajele.

Qooddattoota asoosamicha keessatti argaman iddoo lamatti qoodamanii ilaalamu. Maatiin Jiruu (Hat'uudhaan ala) dhugaadhaaf falmu. Miseensonni Dhaabbata Uuxaa ammoo faallaa kanaan ofiif malee dhugaadhaaf iddoo hinqaban. Dhaabbilee isaan duuba malee isaan dura dhufu hinfedhan. Siyaasaanis iddoo olaanaa waan qabataniif haqa balleessanii dharaan fuulduratti fiigu. Dhimmoonni kunniin hundi addunyaan kun burree ta'uu agarsisa. Inni gaarii yaadu akkuma jiru kan daba yaadus jira. Asoosamicha keessa qofa osoo hinta'in dhugumaanis naannawa namuuttuu kanatu argama.

Shirri Baluuxaafa'aa jalaa ka'ee olba'a. Jalli Hat'uu yemmuu ta'u gubbaan Baluuxaadha. Inni kun kitaabicha keessatti haala itti aanuun barreeffamee argama: "Hata'uun Dhabsuutti, Dhabsuun Baluuxaatti hidhatanii tokkummaa namaarratti hojjetu. Shira Baluuxaan xaxuun namoota jireenya dhabsiisu," (fuula 132). Hata'uun ilma Jiruu ta'u hidhata ijoollee Obbo Boodanaatiin Baluuxatti siqee karaa bitarra deema. Karaa bitarra deemuu isaatiif ka'umsi abaarsa haadha isaati. Haati ijoollee ishee kaawwan eebbistee isa abarte. Isaan eebbiste daandii ishiin hawwiteef sanarra adeemaa jiru. Hata'uun abaaramee faallaa sanaan daandii bitaa, Baluuxaafaa waliin hiriire.

Asoosamichi akka walii galaatti dubbistoota quba qabsiisee seenessa itti fufa. Himni jalqabaa fuulduree 'Arraa Gurbaa' kan jedhu ibsuudhaan eegale. Himni jalqaba seenichaa (kutaan duraa) seenicha keessatti rakkoolee qooddattoota mudachuu malaniif fuulchaa (clue) kenna. Kuni ammoo haala kanaan dhihaachuun hojii asoosamaa filatamaa taasisa. Seenichi walqabatiinsaani dhihaate. Maatiin qooddataa seenicha eegalan qaamanillee itti fufuu dhaban gochi isaanirratti raawwatuufi sababa isaanitiin raawwatamu ittuma fufe.

3. Ciminaafi Mudaa

Asoosamni kun haala qabatama hawaasaa (siyaasa, diinagdee, aadaa, afaan...) sirriitti ibsee jira. Keessumattuu gareen murtaa'e tokko akkamiin akka hawaasa bal'aa dararu miidhagsee addeessa. Fakkiin qola asoosamichaarra jiru, matadureen, himni jalqaba asoosamichaarratti barreeffame akka gaaritti walunatanii asoosamicha fiixa baasan.

Kitaabicha haala kanaan qophaa'e kana mudaan tokko tokkos keessaa hindhibne. Kitaabichi asoosama moo alasoosama? Wanti jedhame hinjiru. Mata durichumarratti 'Arraa Gurbaa! Kunis tokko; sunis gaaf tokko' isa jedhame keessatti 'Arraa Gurbaa! kuni tokko; sunis gaaf tokko' osoo ta'ee wayya. Qooddataan angafaa dhalootaa kaasee hanga xumura seenaa isaatti deemu osoo argamee bayeessa ture. Qooddataan aangoon guddaan kennameef, Baluuxaan wantoota xixiqqoo isaaf hinmalle keessatti yemmuu hirmaatu argine. Inni aangoo guddaa qabu waan xixiqqaa dalaguun baramaa miti. Itti dabalees qooddattoonni wal hingitan. Baluuxaa fuuldura dhaabbatee kan rakkisu jiraachuu qaba ture. Kallattii hundaanuu akka qoraatii raaree keessaa kan hiraarsu jiraachuu qaba. Akka asoosama dheeraa seenaa dhedheeraan jiraachuunis murteessaa ture. Seenichi ariifachuu dhiisee dhimma eegale gadifageenyaan osoo ibsee bayeessa ture. Fakkeenyaaf, kutaa barnootaa 'Xuqur Ambassador' keessa galee osoo addeessee misha. Mana hidhaa baratichiifi doktoroonni itti hidhaman keessatti raawwatamu addeessudhaan nama hinbeeknetti osoo agarsiisee gaarii ture. Qulqullina mana hidha keessa jirufaa ilaalchisee hakimtichi (doktorichi) hidhamtoota gorsuu nidanda'a.

4. Guduunfaa

Asoosamichi guddina ogbarruu Oromootiif bu'aa gaarii qaba. Akkaataan qindoomina yaadaa mata dureerraa kaasee amma dhumaatti hidhata cimaa qaba. Mata dureen, fakkiin qola gubbaa, himni asoosamichi ittiin eegaleefi yaanni ittiin goolabe sababaafi fidumsaan (cause and effect) walqabachuun isaa barreessitoota si'anaatiif muuxannoo gaarii laata. Yoomessi isaa calaqqee

baadiyyaafi magaalatti ta'aa turee fi ammallee mul'atu sirriitti addeessa. Dhimmoonni akka aadaa, amantaa, barnoota, hawaasummaa, siyaas-diinagdee biyya keenyaa haalaan calaqqisee argama. Kuni ammoo qorannoon kallattii adda addaatiin irratti gaggeeffamee rakkoollee hawaasarra ga'aa jiruuf kallattiin furmaataa akka kaa'amuuf shoora gaarii tapahata.

Asoosama kana keesatti seenaan qooddataa hangafaa dhalootaa kaasee amma du'aatti osoo itti fufee, qooddataa cubbamaa (Baluuxaa) fuuldura dhaabbatee kan falmuun osoo uumame ta'ee, seenessi iddoo tokko tokkotti osoo ariifatee hindhumne ta'ee kana caalaa dubbistoota hawata ture.